
OROMIFA – *"Peace"*

# NAGAA



"Har'uma illee, ati nagaadhaaf kan siif ta'u otoo beektee." (Luq. 19:42). Har'a naannookeenyaafi waantota Addunya irra jiran yemmuu ilaallu, waanti hunduu Addunyaa irratti nagaa hinqabu. Eessatiyyu, kan dhaga'amu, lola, nama ajjeechaa, waraanaafi Oduu waraanaati. Odeeffannoon banamu illee nagaadhaaf dhimma hinqabu, waanta nama naasisu, cubbuu namni walirratti taasisetu Odeeffama. Namoota gurguddoo Addunyaa irra jiran baay'eetu nagaa gara addunyaatti fiduu yaale, garuu Eenyumti isaaniiyyuu hindandeenye. Haala kana keessa kan jiru Addunyaa qofa otoo hin ta'in, manni keenyas nagaa dhabeetu gadda. Dhugaa yoo dubbannee, namootni baay'een Addunyaa kana irra jiraatan, har'a gadda guddaa keessa jiru. Lubbuun isaanii nagaa hin qabdu, soba isa nama dhiphisuun quutamaniiru.

## NAGAAN MAALIF DHABAMEE?

Yeroo jalqabaa waaqayyo Addunyaa Uume akkasumas, marga, Abaaboo, muka, akkasumas bineensota bishaan jala jiraataniifi lafa jala jiraatan

Uume. Waaqayyo Addaamiifi Newaanis dabalee Uume, yeroo kana nagaan jira ture. Addaamifi Hewaan bineensota hin Sodaatan, Bineensotnis nagaadhaan, gammachuudhaan waliin jiraatu ture. Re'een Leenca irra deemee darba, Leencis ishee hin miidhu ture. Hunda irrayyuu namaafi waaqayyo jidduu nagaan jira. Kanaaf waaqayyo galgala yeroo qarru gara Addaamiif Hewaan dhaqee wajjin dubbata. Gara waaqayyoo ilaaluudhaaf hin sodaatani, yemmuu inni isaan ilaaluu gara isaanii dhufu sodaa malee ilaalu.

Achii booda seexanni inni diina nagaa ta'e, bofa keessa seeneetu, Addaamiif – Hewaan cubbuudhaan qore, sababiin isaa iddoo cubbuun jiru, nagaan hin jiru. Seexanni Abbaan sobaa, waaqayyoof yoo Abboomamuu baatanii, ija mukaa hinnyaatinaa jedhaman yoo nyaatan akka hin duune itti hime.

Namootni baay'een, har'ayyu waanta seexanni jedhu dhaggeeffatu. Addaamiifi Hewaan waanta seexanni isaanin jedne gochudhaan waaqayyoon yakkani. Yemmuudhuma sana nagaafi gamma chuun isaan qaban isaan irraa baqate. Yakka yeroo tokkootiin bareedniifi nagaan waaqayyo isaaniif Uume badeetu, sodaan laphee Addaamiif Hewaanitti gale. Galgala sana, waaqayyo isaan wajjin dubbachuudhaaf gara isaanii yemmuu dhufu, waaqayyo dura dhaabachuu dadhabanii Of dhoksani. "Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe, duunis karaa cubbuu akka gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. (Rom. 5:12; 3:23). Walumaa galatti cubbuun tokko gara isa kan biraatti nama Oofa, kanaafis har'a Addunyan hundi cubbuudhaan dhibama, kunis nagaan lafa irraa dhabamuudhaaf sababa ta'e.

## WAQAYYO, NAGAAN LAMUU GARA ADDUNYAATTI AKKA DEEBI'U BARBAADA

Waaqayyo samii irra taa'ee gadi ilaaleetu, salphina, sodaa, cubbuufi gadda argeetu, jaalala isaa isa guddaadhaan ilma isa tokkicha Yesuus Kiristoos dallaa horii keessati akka dhalatu taasise. Waggaa wagaadhaan yeroo dhaloota Yesuus Kiristoos, Dubbii ergamaa waaqayyoo isa akkas jedhu yaadanna. "Hinsodaatinaa! kunoo ani misiraachoo gammachuu guddaa isinitan hima'o, kunis saba hundumaaf kan ta'udha. Har'a mandara Daawititti fayyisaan isiniif dhalateera; inni immoo Kiristoos goofticha. Milikinni isaa immoo kana, mucaa wayyaan itti maramee siree horiin keessaa nyaatu irra ciisu in argitu" isaaniin jedhe. Achumaanis kutata ergamoota waaqayyoo keessaa baay'een ergamicha kana wajjin turam isaan immoo "Hooqubaan waaqayyoof waaqa gubbaatti, Nagaanis namoota waaqayyo itti gammaduuf, lafa irrattis jedhanii waaqayyoon in faarfatu turan. (Luq. 2:10-14). Yesus gara lafa kanaatti kan ergame, "Warra dukkanaafi qaaddisa du'aa keessatti argamanitti mul'achuudhaaf, miilla keenyas daandii nagaa irra gaggeessuudhaaf." (Luq. 1:79). Efes. 2:14 irrattis "Kiristoos nagaa keenya akka ta'e nutti hima. Waaqayyo mootii nagaa gara biyya lafaatti ergeera, Haa'taru malee, namootni mootii nagaa kana yoo fudhatan

jireenya gammachuu qabu argatu.

**NAMOOTNI NAGAA KANA WAJJIN MAAL HOJJETUU?**

Akkuma Addaamiifi Hewaan akkasumas namootni yeroo sana jiran, waaqayyoof Abbomamuu dhiisanii gorsa seexanaa duukaa bu'ani. Mootii nagaa isa ta'e balleessanii Baarbaan yaadanii akkas jedhanii iyyani. "Yesuusiin balleessaa, Baarbaan nuu kennaa." Miika biraatiin "Mootii nagaa balleessaati jibba, waraana, Ajjeechaafi cubbuu nuu kennaa" jechuu isaaniiti. Jarreen kun otoo hindirgamamin, bilisa ta'aniitu filannoo mataa isaanii filatani. Baarbaan filatani. Guyyaan nuyi keessa jirru kunis akkasuma. Waaqayyo filannoo nuyiif kenneera. Yesuus Kiristoosiin, akka fayyisaa keenyaafi akka Gooftaakeenyaa tasifnee fudhachuu dandeenya. Innis nagaa jireenya keenyatti hin fida. Innis akkas jedhe "Nagaa isin biratti nan hambisa, nagaakoo isiniif nan kenna; ani akka biyyi lafaa kennuttan isiniif kenna miti garaan keessan hin raafamin, hin sodaatinis." (Yoh. 14:27). Cubbuun jireenya keenya keessa jiru waaqayyo irraa nufageesse, cubbuu keenyaanis nuyi mataa keenyan nagaa dhabne, Yesuus qaruu yeroo hundumaa nu Eeguufi cubbuuttii nu oolchuuf, ilma waaqayyoo nutaasisee nagaa nuuf kennuuf bukkee keenya dhaabbata.

Roomee 5:1 irratti akkas jedha "kanaafis amantiidhaan qajeelota erga taanee, gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin waaqayyo biratti nagaa qabna." Addunyaa kana irratti nagaa kan nuukennuu aanda'u waanti tokko iyyuu hinjiru. Qarshii, soorummaan, maaqaa gaarii qabaachuun nagaa namaa kennuu hin danda'u waldaa keessatti waan guddaa hojjechuun kennuu hin danda'u. Lubbuu keenyaan nagaa argachuudhaaf karaa tokko qofaatu jira, innis gara Yesuus Kiristoos dhufuudhaani. Cubbuu keenya isatti himannee, lammafuu isaan hojjechuu dhiisuu, akkasumas "Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaafi qajeelaa wan ta'eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa." (1 Yoh. 1:9). Nagaan Yesuus namaaf kennu, hubannaa namaa irra caala. (Fili. 4:7). Namaan ibsamuu hin danda'u, garuu cubbuufi hiriyaa cubbuu hunda dhiisnee Yesuus Kiristoosiin tajaajilla yoo ta'e ittiin jiraachuu ni dandeenya. Tarii nagaa malee jiraachuu dandeenya ta'a, garuu nagaa malee du'aaf gatii baasuu hin dandeenyu. "Mootummaan waaqayyoo, mootummaa qajeelummaa, nagaafi gammachuu warra hafuura quiqulluu biraa kennamaniiti malee, mootummaa nyaataafi dhugaatii miti." (Rom. 14:17). Kanaaf, laphee keenya keessatti nagaa waaqayyoo hin qabnu yoo ta'e, yemmuu duunu, mootummaa nagaa kanatti galuu hin dandeenyu.

Mootii nagaa kana gara jireenya keenyatti fudhachuu dhiisnee cubbuu keenyaan yoo duune, bakki tokko nuyif qophaa'eera. Innis Ibidda bara baraan hindhaamnedha. Maala kanaan yoo duute, du'aaf gatii baasuu hin dandeessu, sababiin isaas, ati barabaraan baddeetta, kanaaf dubbiin waaqayyo akkas jedha. "Arrabni ibidichaa, baraa hamma baraati dabalaa deema." Inni boolla dhuma hin qabne, iddo warri cubbamoo jiraatanidha, nuyi hunduu cubbuu hojjenneerra. "Namni qajeelaan tokko illee hinjiru." (Rom. 3:10). Gara mootummaa waaqayyoo dhaquu yoo

barbaadde, nagaa waaqayyoo lapheekee keessaa qabaachuu, isa wajinis jiraachuutu sirra jira. “Nagaan Kiristoos, inni isin dhagna tokko ta’udhaf itti waamamtan, garaa keessan keessatti naa mo’u.” (Qola. 3:15).

Yesuus nagaa gara Addunyaa kanaatti fidee gara lafaatti akka dhufe yeroo dhaloota Kiristoos yeroo hundumaa inyaadanna. Yeroo du’aa ka’umsaa isaa immoo namootni akkamitti akka isa ajjeesan yaadatna. Yaa hiriyaa jaalatamaa, atoo warra isa ajeesan keessaa tokko taatamoo lapheekee banteetu isa keessummeefatta? Nagaa waaqayyo lapheekee keessatti qabaachuu dhaaf karaa tokko qofaatu jira, innis fuuldura isaatti amma jilbeeffachuu, cubbamaa ta’uukee isatti himachuu, akka siqulqulleessuuf gaafachuudha. Yada gaaruu kana yoo qabaatte, inni akka si oolchu yoo barbaadde rakkoo hin qabu. Innis, akka ati duubatti hindeebine cimsee si ega. Isin isa mul’achuuf jiru sana hin argine yoo ta’e iyyuu, isa in jaallattu, amma yoo isa arguudhaa baattan iyyuu, isatti in amantu akkasumas gammachuu akkas jedhamee hin dubbatamnefi gammachuu ulfina guddaa qabuun in gammaddu. (1 Pheex. 1:8).

Tajaajila wangeelaa tokko irratti, namichi dulloome tokko ol ka’eetu akkas jedhee dubbate. “Ani moototni afur jijjiirama keessa jiraadheera. Yeroo jalqabaa, waraana keessa, yeroo jeequmsaa keessa turre. Yoroo mootii isa lammataa immoo, beela guddaa waan tureef, nuyi hantuuta, margaafi muka nyaanne. Yeroo mootii isa sadaffaa, Diinonni keenya nu mo’atanii nuyi garboota isaanii taane. Garuu yeroo isa sadaffaa kana keessa turre, mootii kan biraatiin ilaalamne. Innis mootii guddaa, mootii gaarii, mootii nagaadhaan guutame, mootii jaalalaa, Yesuus isa sammii irraa dhufedha. Inni diinotakeenya mo’atee laphee keenya qabbaneesse. Amma nagaa argannee, abdiidhaan isa wajjin akka jiraannu nutaasise.”

Yaa jaalatamaa hiriyaakeenyaa, jireenya kee amma iyyesuusitti kenni. Yeroo kana karaakee isa asii gadee gara si’oolitti sigeessu irra deemuu dhiisi, deebi’iitii mootii moototaa, gooftaa gooftotaa isa ta’e tajaajili. Guyyaa sana, tari hiriyoonni kee baay’een sidhirisanii baqatu ta’a, haata’u malee, isa Yesuus jedhe yaadachuu qabda. “Nagaan Kiristoos inni isin dhagna tokko ta‘uudhaaf itti waamamtan, garaa keessan keessatti haa mo’u.” (Qolasiyis 3:15).

---

If you have found salvation in Christ, or have been otherwise blessed through our Gospel literature, please let us know. We would like to thank God with you, and remember you further in our prayers.

For **free** Gospel literature, books and tracts in over 540 languages, write to:

**ALL NATIONS GOSPEL PUBLISHERS**
**P.O. Box 2191, PRETORIA, 0001, R.S.A.**
(A Gospel Literature Mission financed by donations)
(Reg. No. 1961/001798/08)